Mala Baru barsiisuu Taphootaa fi Ispoortii Aadaa Itoophiyaa (TePe- 352)

Biiroo Barnoota Oromiyaa

unicef

Deeggarsa UNICEF kan Qophaa'e

Leenjifamtoota Sagantaa Dippiloomaa (10+3)
Muummee GJQtti barattoota waggaa sadaffaa koorsii ispoortii akka maayinariitti barataniif qophaa'e

Barreeffama kan qindeesse

1. Bunoo Maammoo KBB Roobe
2. Isheetuu Tasfaayee KBB Roobe

BBO
Eebila, 2012

BOQONNAA TOKKOO....1
1. Seensa Taphootaa fi Ispoortii Aadaa Itoophiyaa....1
1.1 Taphoota aadaa jechuun maal jechuudha?....1
1.2 Ka'umsa Ispoortii Aadaa....1
1.3 Kaayyoo Ispoortii Aadaa....1
1.4 Seenduube Taphoota fi Ispoortii Aadaa Itoophiyaa....2
1.4.1 Uumama , Guddinaa Taphootaa fi Ispoortii Aadaa Itoophiyaa....2
1.4.2 Seenduube Taphoota fi Ispoortii Aadaa Itoophiyaa Filataman....2
BOQONNAA LAMA....4
2. Gosoota, Faayidaa fi Dandeetti Bu'uura Taphoota fi Ispoortii Aadaa Itoophiyaa....4
2.1 Gosoota Taphoota Aadaa Itoophiyaa....4
2.2 Tapha muka, dhagaa ykn wantoota xixiqqoon taphatamu....5
2.3 Gosoota Ispoortii Aadaa Itoophiyaa....5
2.4 Faayidaa Taphoota fi Ispoortii Aadaa Hirmaattootaaf Kennu....6
2.5 Faayidaa Taphoota fi Ispoortii Aadaa Biyyattiif Qabu....6
BOQONNAA SADII....7
3. Dandeettii Bu`uuraa Taphootaa fi Ispoortii aadaa Itoophiyaa....7
3.1 Dandeetti Bu'uuraa Ispoortii Aadaa Buub....7
3.1.1 Seera fi Heera Ispoortii aadaa Buub Taphachuuf barbaachisan;....8
3.2 Dandeetti Bu'uura Taphoota fi Ispoortii Aadaa Shaah....9
3.2.1 . Seera fi Heera Ispoortii aadaa shaah Taphachuuf barbaachisan;....9
3.3 Dandeetti Bu'uura Ispootii Aadaa saddeeqa Boollaa 12 fi Boollaa 18....10
3.3.1 Seera fi Heera Ispoortii aadaa saddeeqaa gabatee boolla 12 Taphachuuf barbaachisan;....10
3.3.2 Seera fi Heera Ispoortii aadaa saddeeqaa gabatee boolla 18 Taphachuuf barbaachisan;....11
3.4 Dandeetti Bu'uura Ispoortii Aadaa Korboo....11
3.4.1 Seera fi Heera Ispoortii aadaa korboo;....12
3.5 Dandeetti Bu'uura Ispoortii Aadaa Qillee....12

3.5.1 Seera fi Heera Ispoortii aadaa Qillee;.....12
3.6 Dandeetti Bu'uura Ispoortii Aadaa Waldhaansoo.....13
3.6.1 Seera fi Heera Ispoortii Aadaa Waldhaansoo.....13
BOQONNAA AFUR.....13
4. Malleen Baru-Barsiisuu Morkii fi Ispoortii Aadaa Itoophiyaa.....13
4.1 Mala baruu barsiisuu taphootaa fi ispoortii aadaa Itoophiyaa.....14
4.2 Sochiilee Taphoota Aadaatiin Walitti Dhiyeenya Qaban (Lead up Activity).....14
4.3 Of eeggannoo (safety Considerations).....14

BOQONNAA TOKKOO

1. Seensa Taphootaa fi Ispoortii Aadaa Itoophiyaa

Dhuma barannoo kana booda barattooti;

- maalummaa taphaa fi ispoortii aadaa Itoophiyaa addaan baasanii ni ibsu.
- Kaayyoo taphootaa fi ispoortii aadaa itoophiyaa ni barreessu
- Maalummaa yaada rime fi kaayyoo waligalaa taphootaa fi ispoortii aadaa Itoophiyaa wal barsiisu

1.1 Taphoota aadaa jechuun maal jechuudha?

Taphoota aadaa jechuun tapha sochii qinda'aa ta'ee karaa ummanni aadaa fi duudha akkasumas eenyummaa isaa kan ittiin ibsatu dha. Taphni kamiiyyuu amala adda ittiin taphatamu kan qabuu fi kunis dargaggootaan, jaarsoliin, dhiiraan ykn dubaraan yeroo boqonnaa ykn guyyaa ayyaanootaa taphatamuu dha.

1.2 Ka'umsa Ispoortii Aadaa

Ispoortii jechuun sochii bifa waldorgommitin qindaa'efi seeraafi dambii of danda'e kan qabu jechudha. Ispoortiin seera ittiin tapaatamu, faayidaa bashannanaa, hirmaannaa qinda'aa fi dandeetti qaama guddisuu danda'uu fi wal dargommii kan qabuu dha. Ispoortiin seera qabuun kan hogganamu ta'ee, wal dorgommii seera qabeessa fi mo'ata fi mo'atama kan addaan beekkamu danda'uu qabachuu isarraa jiraata. Dhuunfaan ykn gareen ispoortii keessaa hirmaachuu ni danda'ama. Haala bashannanaatiin yoo ilaallee ispoortiin daawwattoota biraatti baay'ee kan jaalatamudha.

1.3 Kaayyoo Ispoortii Aadaa.

Ispoortiin aadaa tajaajila kaayyoo garaagaraa hawaasa fayyadu ni qaba. Kaayyoo ispoortii aadaa kennuu ibsuu ni dandeessaa? Deebiin kee ispoortii aadaa biyyaa keenyaa tokkoo irraa hundaa'iti deebisuuf yaali.

Jalqaba, ispoortii aadaan ummatni kan irratti hirmaatuu aadaa isaa ittiin calaqisuuf , guddisuuf, bakka jiraatuu fi haala jireenya isaa gaggeessaa ittiin ibsatuu dha. Dabalataan Ispoortiin Aadaa gahee barbaachisaa taphatu keessaa;

- Carraa guddina dhuunfaa haala mijeessaa
- Namni tokko bashannanaa fi gammachuu ittiin argatuu darbee dandeetti ofii cimsachuuf gargaara.
- Ispoortii aadaa keessatti ispoorteessitootni hirmaachuun isaanii miira dagaagina ittiin argachuun darbee walitti dhufeenya hawaasummaa kan ittiin cimsatan dha.
- Aadaalee gidduutti akka riqichaatti kan tajaajiluu dha.

1.4 Seenduube Taphoota fi Ispoortii Aadaa Itoophiyaa

Taphoota fi ispoortii aadaa Itoophiyaa kan jalqabame namoonni durii lafa kanarraa jiraachuu jalqaban kan wal qabatee ta'ee innis jiraachuuf jecha bu'aa ba'iidabarsaa turan, balaawwan adda addaa jalaa bahuuf tattaaffatan fi of bashannansiisuuf sochiiwwaan dalagaa turan kan wal qabatee dha.

1.4.1 Uumama , Guddinaa Taphootaa fi Ispoortii Aadaa Itoophiyaa

Taphoota fi ispoortii aadaa biyyaa keenyaa kan babal'atee, heddduminaa aadaa,afaan,haala jiru fi jireenya addaddummaa ummatni keenyaa qabaachuu isaati . Taphootni fi ispoortii aadaa kamiyyuu seenaa of danda'ee ummatni isa hordofuu waliin hidhata qaba. Seenaa guddina fi uumamaa taphoota fi ispoortiin aadaa yeroo qo'annuu hubannoo argachaa guddinaa isaaniif hojjachaa deemu dha.

Ummatni aadaa qabu fi hordoofuu karaa ittiin ibsatu danda'uu keessaa tokko taphoota fi ispoortii aadaatiin. Ummatni Itoophiyaa 85% qonnaan bulaa fi horsiisee bulaa kan ta'ee taphoota fi ispoortii aadaa irraatti hirmachuun dandeetti qaama isaa guddisuu, ciinqama adda addaa of irraa xiqqeessuu, bashannanaaf, aadaa fi duudha miira sabbonummaa qabu tooftaa karaa ittiin ibsatuu fi dagaagfatuu dha.

Prooofeesaraa **Richard Pankhurst** abbaa seena beekkamaa akka jedhuutti, barreefamni dokmeentii jalqabamu ispoortii aadaa Itoophiyaa kan ibsu barreessitoota biyyaa alaatiin barraa'ee kan argame bakka **Matara** jedhamtu Ertiriyaa dur qaama Itoophiyaa yeroo turte keessaa jedhama. Arkiyoolojistootin argannoo isaani irraa akka ibsanitti meeshaan ispoortii aadaa dhagaa irraa hojjatame argamee irraa ka'uun jalqabni ispoortii aadaa jaarraa 6^{ffaa} fi 7^{ffaa}Dh k D akka ta'ee ibsama.

1.4.2 Seenduube Taphoota fi Ispoortii Aadaa Itoophiyaa Filataman

Federeeshinii ispoortii aadaa biyyooleessaatiin ispoortii aadaa beekkamtii argatan naannoo sagal ni ta'u. Federeeshiniin taphoota hundaaf seeraa fi heera ittiin taphataman kana qopheessee jira. Seenaan taphoota tokkoon tokkoon isa dokmeentiin qindaa'ee ni argama. Mata dureen itti aanuus sadarkaa biyyoleessaatti ispoortii aadaa beekkamtii argatan tokkoon tokkoof seena qaban gadi fageenyaan dhiyaateera.

- **<u>Seenduube Ispoortii Aadaa Buub fi Shaah</u>**

Asiin dura waa'ee ispoortii aadaa buub fi shaah waan dhaggeeffattee jiraa?Taphni kun eessatti argame?

Argamni ispoortii aadaa buub fi shaah jiraattoota ummataa Oromoo naannoo B/M Dirreedawaatti jiraatan fi ummataa naannoo somaaleetti argamaniin kan taphatamu dha. Naannoo kanaatti ispoortii aadaa kun bal'inaan kan jiru ta'uu isa kan beekkamu dha. Akka odeeffannoo afaanitti himamuun naannoo bahaa fi gidduu galeessaa biyyoota Arabaatiin kan taphatamu yoo ta'uu, kuniis afaan Arabaatiin **shatranz**, afaan somaaleetiin immoo **shantrat,** fi afaan Amaaraatiin **senterez** jedhama. Maqaa isaa irraa akka hubanuutti irraa caalaa kan wal fakkeenyaa qabu yoo ta'uu, ispoortii aadaa kun Araboota irraa gara Itoophiiyaa ykn Itoophiyaa irraa gara biyyoota Arabootaatti akka deeme ragaan qabatama ta'ee ibsu hin jiru. Ispoortii aadaa kun hawaasii biyyaa keenyaan kan taphatamu ta'ee inniis

namootni loon isaani tiksaa, hojii qonnaa hojjatani xumuuran booda iddoo mukaa jalaa, naannoo manaa fi qilleensa mijataa ta'ee bakka argamuutti boqachuun kan taphatamu dha.

- **Seenduube Ispoortii Adaa Saddeeqa**

Saddeeqni ispoortii aadaa keessaa tokko ta'ee, bal'inaan sabaa fi sablammii biyyaa keenyaa biraatti kan taphatamu dha. Saddeeqni kan taphatamu gabatee muka irraa hojjatameen bollaawwan tarree fi sarara naanna'uu irratti hojjatamaniin dha. Taphataan tokko saddeeqa muraasa boollaa tokko irraa kaasee boollaa itti aanuutti buusa kan deemu dha. Saddeeqni kan argamuu biyyoota Afriika muraasa fi Itoophiyaa keessaa yammuu ta'u, haalli taphatamu garuu bakka tokko irra gara birootti addaaddummaa qaba. Argannoon qoronnoo lafa keessaa (Archiological discoveries) akka mul'isuutti ka'umsi isaa naannoo ol ka'iinsa kaaba Itoophiyaa gara kaaba Tigraay bakka Aduwaa fi Aksuum ta'ee innis jalqaba jaarraa 6^{ffaa} ykn achiin dura taphatamaa turuun isa ni ibsama.

Ispoortiin aadaa saddeeqa kun tapha naannoo kaaba Itoophiyaa irraa kallattiwwan biyyaa keenya hafanitti saffisaan kan babal'atee dha. Haalli taphni kun ittiin taphatmu naannoo irraa gara naannootti akkasumas namootaa giddutti garaagarummaan ni qaba.

- **Seenduube Ispoortii Aadaa Korboo**

Korboon ispoortii aadaa keessaa irraa guddaan namatti gammachuu kan kennuu ta'ee, bara durii jalqabee naannoo sabaa fi sablammii ummattoota kibbaa Itoophiyaa fi naannoo Beenshaanguul Gumuuzitti taphatama tureera. Taphni kun taphatamuuf wanta barbaadu keessaa korboo lafarraa konkolaattuu uleen qiyyaafachuu keessa dabarsani lafatti waraananii dhaabu danda'u dha. Korboon kan jalqabame dargaggoon adamsoo bobba'uuf kan isaaniif eeyyamamu dandeetti waa darbatanii waraanuu sadarkaa olaanaa gaafata waan ta'eef hanga sadarkaa kanatti gahan irraa deddebi'anii tapha kanaan shaakaluu isaanii kan wal qabatee dha. Taphni kun irraa caalaan kan babal'ate fi kan guddatee godinaalee waamama duraaniin Sidaamoo, wollaggaa fi Arsii keessatti dha. Bara 1972 waamama duraani godina Baalee jedhamtuutti waldorgommiin yuuniyenii qonnaan bulaa dhiiraa fi dubaraan qophaa'uu isaa morkichi fudhatma qabaachuu isaa kan mul'isee dha.

- **Seenduube Ispoortii Aadaa Qillee**

Qilleen maqaa isaa irraa akka hubannuutti yeroo ayyaana dhaloota kiristoosi kabajuuf kan taphatamuudha. Ispoortii kun kiristaanoota biraatti baay'ee kan jaallatamu fi dirree irratti kan gageeffamu ta'e kan jalqabamees akkuma amantiin kiristaana Itoophiyaatti beekkamu jalqabeetti. Maqaan tapha kana hambaaleen seenan akka ibsuutti, jecha "Geez', ge'na, yemmuu jedhamu innis jecha Greek "genos" jedhamu irra kan fudhatame ta'e hiikni isaas dhalachuu kiristoos kan wal qabate dha. Taphni kun yeroo ayyaana qillee sababeeffachuun kan taphatamu dha.

- **Seenduube Ispoortii Aadaa Waldhaansoo (Cultural Wrestling)**

Waldhaansoon yeroo amma kana akka ispoortiiwwaan biro yoo jaallatamees badhaafamuuf qofa kan taphatamu miti. Dargaggoonni umrii garagaraatiin jiran qabeenya fi olaantummaa qaban walirratti mul'isuuf kan taphatani dha. Taphni kun fudhatama kan argatee yeroo Mootii Teewodiroos ta'ee lammiilee Biriitish gara biyyaa keenyaa affeeruun jabeenya namoota isaa addaan baasuuf yaalii taasiiseen ture. Itoophiyaan salphumaan moo'attee badhaasa kan akka gaangee fi uffata guutuu waraanaa, bilaawaa (gorade) fi gaachana argateerti. Asumaan taphni kun hawaasa baaddiyaa jiraatan biratti babal'achuun seera fi heera duubatti hafaa ta'een gaggeeffamaa tureera.

Yeroo amma kana akkuma ispoortii aadaa biyyoolleessaa kan birootiin seera taphni kun ittiin taphatamu ni qaba. Waldhaansoon haala taphaatiin kan durii irraa amma fooyya'oo ta'uus bakka baay'eetti haala duraan taphatamuun qabatee kan deema jiru dha.

BOQONNAA LAMA

2. Gosoota,Faayidaa fi Dandeetti Bu'uura Taphoota fi Ispoortii Aadaa Itoophiyaa

Barattoonni boqonnaa kana baratanii erga xummuranii booda:-

- Gosoota taphootaa fi ispoortii aadaa ni beeku
- Faayidaawwan ispoortii aadaa ni ibsu
- Dandeettiwwan bu'uuraa taphoota aadaa garagaraa adda ni baasu

2.1 Gosoota Taphoota Aadaa Itoophiyaa

Gocha

Gosoota taphoota aadaa beektu keessaa muraasa isaa ibsi

Taphootni aadaa sochii dhalli namaa jiruufi jireenya moo'achuuf jecha adamoo adamsa beela ofirraa dhogguu fi diina of irraa ittisu kan jiraatudha. Walitti dhufeenyi dhala namaa fi diina isaa kaan sochiileen akka adamoo, waan tokko ari'uu, rukkutuu,miliquu,dhokachuu fi kuffisuu fa'a akka uumaman taasise. Sochiiwwaan armaan olitti eeraman kunniin barattoota M/b Sad.1ffaa baay'ee kan ofitti harkisaniidha. Sababa qindoomina salpha qabuun taphichi yeroo gabaabaa keessatti ni baratama.

Taphoonni baay'een yeroo dargagummaa keenyaa taphannu hedduutu jiru. Daa'immaan amala tokko isaan qaban keessaa tapha jaallachuudha.Taphoonni aadaa namoota ga'eessota ta'anii fi ijoolleedhaan taphataman heddutu jiru.

2.2 Tapha muka, dhagaa ykn wantoota xixiqqoon taphatamu.

✓ Waantoota akka mukaa,dhagaa fi wantoota xixiqqoo kana gara samiitti ol darbachuudhaan itti gammadu.

A. Tapha kubbaadhaan taphatamu

☞ Gosoonni taphaa garagaraa kubbaa fayyadamuun taphataman ni jiru.

B. Funyoo (haada) irraan Utaaluudhaan taphachuu

☞ Karaalee hedduun funyoo (haada) irraan utaaluun taphachuu

C. Tapha sekkelloo (tapha ijoollee)

☞ Taphni kun kan taphatamu lafa irratti sarara sararuun yoo ta'uu sararoonni kunniin kan walqaxxaamuranii boca iskuweerii uumani dha. Namni taphatus miilaa isa tokko ol dachaasuun miilaa tokkoon okkolaa fi utaalaa daangaa tokkoo gara daangaa birootti deema (utaala) fkn segno maksegno

D. Taphoota wal ari'uudhaan taphataman (Games of tag & chase)

E. Tapha tun maali ishiin? jedhamee taphatamu (Circle games)

☞ Taphni kun kan ijoollee baay'ee iddoo tokkotti walitti dhufuudhaan geengoo uumanii taphataniidha.

2.3 Gosoota Ispoortii Aadaa Itoophiyaa

Osoo Ipoortiin aadaa bifa ammayyaatiin qindoomee hin babal'atiin dura hikkaan ispoortii aadaa Itoophiyaa keessatti qabu ga'ee inni qaamaa fi sammuu wajjiin qabu waliin wal qabata. Taphoota aadaa hedduu turan keessaa muraasa isaanii hammaa ammatti Itoophiyaa kutaalee gargaraa keessaatti taphatamaa kan jiruu fi hawaasichi itti gammadaa kan jiruudha. Barannoo kana keessaatti gosoota ispoortii aadaa Itoophiyaa hedduu wajjiin wal barata. Akkaataa uumama sochii irratti hundaa'uudhaan ispoortiin aadaa hawaasa Itoophiyaa biraatti fudhatama qabu iddoowwaan gurguddoo buu'uura ta'an 7tti qoodamu. isaanis;

1. **Ispoortii kubbaa taphatamu (Ball Games**)
   - Taphoonni aadaa kubbaadhaan taphataman hedduutu jiru. Taphoonni kunniin kan taphataman harkaan ykn miilaan ykn immoo meeshaadhaan kubbaa rukutuun taphatamu.
2. **Ispoortii Darbannaa (Throwing sports)**
   - Muka ykn dhagaa hammaa barbaadame darbachuun ykn kallatti sirrii irraa darbachuun bu'uura sochii dhala namaati. Sochiin kun sochiiwwan atileetiksii ammayyaa kan akka darbannaa eeboo, darbannaa beeddee, darbannaa burruusaa fi darbannaa waqaraa fa'a keessatti argama. Fkn. Ispoortii aadaa korboo
3. **Ispoortii waa dhukaasuu (shooting sports)**
   - Taphani waa dhukaasuu taphoota aadaa hedduu keessaa tokko kan ta'ee fi suuta guddachuun ispoortii ammayyaa ta'e. Yeroo qawween gara biyyaattii seene irraa jalqabee hawaasichi meeshaa waraanaa kan aadaa kan akka xiyyaa fi eeboo aadaa fooyyeessuun gara meeshaa waraanaa isa ammayyaatti jijjiire fkn xiyyaa (archery).
   -

4. **Ispoortii lolaa (Fighting sports**)
    - Fkn WaldhaansoonItoophiyaa keessatti tapha aadaa isa jalqabaa fi yeroo dheeraa dabarseedha.
5. **Tapha gabatee (Board Sports**)
    - Taphni kun dorgomtoota lamaan kan gaggeeffamuu fi dandeettii sammuu dorgomtoota kan gaafatuudha. Fkn Saddeeqa, shaah Buub,fi kkf
6. **Ispoortii Sochii (Locomotion sports)**
    - Taphoota akka fiigichaa , utaalchaa fageenyaa qabu fi k.kf of keessaa qaba.
7. **Ispoortii Bineensotaa (Animal Sports)**
    - Wal dorgommii fardaa fi kan akka farda yaabbatanii garmaamuu taphoota aadaa baay'ee beekkamoodha. Kanaaf hawaasni beelladoota akka fardaa, gaala fi k.k.f horsiisafi qotee bultoonni baadiyyaa iddoo murtawaa tokkoo jiraachaa turaniifi horsiisee bulaan loon isaanii wajjiin iddoodhaa iddootti socho'aa turan taphoota akka guluffii fardaa, wal dorgommii fardeenii fi gaala fa'a gaggeessaa turaniiru.

2.4 Faayidaa Taphoota fi Ispoortii Aadaa Hirmaattootaaf Kennu
(The values of cultural games & Sports to the participants)

Taphootni fi ispoortii aadaa Itoophiyaa keessatti hirmaattooni dhimma gahee koorniyaa, hojii fi itti fayyadama iddoo ykn meeshaalee ittin shaakalan irratti qayyabannaa gaarii akka qabaatanii fi gadi fageenyaan akka ibsaniif isaan gargaara.Dabalataan immoo, dagaagina qaamaa fi sammuu irratti faayidaa ol'aanaa kan qabuufi akka walii galaatti fayyuummaa hirmaattootaaf baay'ee barbaachisa. Irra caalatti Ispoortiin aadaa Itoophiyaa keessatti;

- Itti bashannanuufi yeroo itti dabarsuuf ni fayyada .
- Taphootni fi ispoortii aadaa akka hambaalee aadaatti dhalootaa gara dhalootaatti akka darbaniif hubannoo ni dabala.
- Walitti dhufeeya hawaasa fi hiriyummaa yeroo dheeraa uumuuf
- Hirmaattonni akka itti gammadaniif, marii irratti yaada gaarii akka kennanii fi jiruu fi jereenya keessatti ilaalcha gaarii akka qabaatan taasisa.
- jireenya dhala nama jijjiruu fi ilaalcha fayyummaa dabaluudha.
- Miira qabeenyummaa ni uuma.

2.5 Faayidaa Taphoota fi Ispoortii Aadaa Biyyattiif Qabu.
(The Values of cultural games & Sports for The Country)

Haala uumama aadaa biyya tokkoo irratti hundaa'uun faayidaan taphoota fi ispoortii aadaa biyyoota addunyaa kanaaf kennuu iddoodhaa iddootti garaa garummaa qaba.Taphoota fi ispoortii aadaa faayidaa hammana hin jedhamne biyyaa keenyaaf kennaa jiru. Taphootni fi ispoortii aadaa Itoophiyaa aadaa walii galaa hawaasaa keessaa tokko ta'ee, kan faayidaa hedduu biyya keenyaaf kennuudha. Isaan armaan gadii faayidaa muraasa taphootaafi ispoortii aadaa Itoophiyaa qabuudha.

Taphoota fi ispoortiin aadaa

- ✓ Hirmaannaa hawaasni hojii keessatti qabu dabaluu, jireenya hawaasaa jijjiiruu, ga'umsaa fi bu'aa hojii ol kaasuu (dabaluu)dha.
- ✓ Akka hambaalee aadaa biyyattii ni fayyada.
- ✓ Aadaawwaan gara garaa calaqqisisuufi akka hubannoo gaarii argataniif aadaawwan giduutti riqicha ni uuma.
- ✓ Faayidaawwan akka tokkummaa cimsuu, garaagarummaa aadaa hubachiisuu, hirmaachisummaa fi hubannoo aadaa kennuu irrattii ga'uumsa qaba.
- ✓ Aadaa saba tokkoo qayyabachiisuu keessatti, hawaasa wal danda'u uumuu keessatti, akkasumas nageenyummaa aadaawwanii uumuu keessatti ga'ee ol'aanaa taphata.
- ✓ Hawaasichaaf miira kabajaa ni uuma.
- ✓ Jireenya hawaasa jijjiruufi rakko isaan qunnamuuf ilaalcha fayyaa qabeessaa ta'ee ni uuma.

BOQONNAA SADII

3. Dandeettii Bu`uuraa Taphootaa fi Ispoortii aadaa Itoophiyaa

Seensa

Dandeettii jechuun teeknika ykn ogummaa taphicha Sanaa milkeessuuf fayyadan jechuudha.Taphoota keessatti hirmaachuu fi hojjetanii agarsiisuuf tooftaa taphaa beekuun barbaachisaa dha.Dandeettii bu`uuraan Ispoortii aadaa Itoophiyaa adeemsa baruu barsiisuuf baay`ee murteessoodha.

Kaayyoo Gooree

Dhuma barannoo boqonnaa kanaan booda barattoonni;

- ➢ Dandeettiiwwan bu`uuraa taphootaa fi ispoortii aadaa Itoophiyaa beekamtii qaban maal fa`aa akka ta`an ni addeesu.
- ➢ Faayidaan dandeettii bu`uuraa ispoortii aadaa Itoophiyaa maal fa`aa akka ta`e ni himu.
- ➢ Dandeettiiwwan bu`uuraa taphootaa fi ispoortii aadaa Itoophiyaa garaagarummaa akka qaban ni ibsu.
- ➢ Tarsiimoo dandeettiiwwan bu`uuraa taphootaa fi ispoortii aadaa Itoophiyaa itti horatamu ni dubbatu
- ➢ Namoonni ispoortii aadaa keessatti hirmaachuuf; dandeettiwwan bu'uura, seera fi heera taphaa beekuun murteessaa akka ta`e ni ibsu.

3.1 Dandeetti Bu'uuraa Ispoortii Aadaa Buub

Ispoortiin aadaa buub haala tooftaa taphatamu fi meeshaa itti taphatamuutiin taphoota kan akka ***shaah, daamaa*** fi ***cheezitiin*** kan wal fakkaatuu dha. kana malees, taphattoota masaanuu ta'an lama gidduutti kan gaggeeffamu ta'ee, taphichi xiyyeeffannaan yaaduu fi obsaan taphachuu kan gaafatu dha. Gabateen ispoortii aadaa buub keessaa isaatti rog-afree **16** fageenya wal qixa kan qabu ta'ee, saddeeqa **24**bakka qubachisuu dandeessisuu kan qabu dha. waliglaatti gabatee keessatti bakka qubata **25** ispoortii aadaa buub tphachuuf barbaachisan ni jiru.

- ❖ Saddeeqoota (pebbles) haala gaariin qubachiisuu fi buufataa tokko irraa gara buufata itti aanuutti itti yaadani saddeeqa (pebble) ofuun carraa moo'annaa taphataaf kan bal'isuu dha

3.1.1 Seera fi Heera Ispoortii aadaa Buub Taphachuuf barbaachisan;

- Gabatee taphaa hirmaattoota lama gidduutti sirreessani qopheessuu qabna.
- Tapha kana jalqabsiisuuf taphattootni carraa buusu qabu.
- Taphataan yeroo jalqabaaf carraa argatee sun dursee naannoo gabatee walakkaa saddeeqota lama yeroo qubachiisuu, itti aansuun saddeeqoota biro iddoo naannoo bilisaa ala bakka jiranitti qubachiisuu qaba.
- Taphataan inni biroo immoo saddeeqoota lama jalqabaa buufata filateetti yeroo qubachisuu, itti aansuun saddeeqoota lama lama dabaree dabareen itti fufuun qubachisee qopheessuu qaba.
- Saddeeqoota erga sirreessani xumuuran booda taphataan carraa jalqabaa argatee saddeeqoota lama jalqaba walakkaa qubachiisee sun taphicha bakka bilisaatti oofee akka jalqabu ni eeyyamamaaf.
- Hangi saddeeqa kan murtaahu danda'u hamma boordii taphichaatiin ta'ee, boca rag-afree kan fakkaatuu fi salphumaan meeshaalee naannootti argamu irraa kan hojjatamu danda'uu ta'uu qaba.
- Saddeeqootni haalluu gosa lama kan qaban ta'ee, gareen waahilaa haalluu gosa adii ta'ee, gareen masaanuun immoo haalluu gosa qurrachaa kan dibatee qabaachuu qabu.
- Ispoortii aadaa buub taphachuuf saddeeqoota 24 yeroo barbaachisuu kanneen keessaa saddeeqoota 4 (afur) gosa halluu lamaanuu irraa kan lafa hafu ta'uu waliin waligalaa saddeeqoota 32 (soddoomi lama) ta'a.
- Gabateen tapha, muka, waraqaa jabaa, pilaastikaa, dhagaa fi kkf irraa qophaa'uu ni danda'a. Gabateen tapha haalluuwwan alaaba Itoophiyaa qabatee Magariisaa, Keelloo fi Diimaa kan dibatee ta'uu qaba.
- Taphataan tokko saddeeqa masaanuu saddeeqoota isa gidduu akka buutuu taasisee yoo sochii dhoowwee, saddeeqa sana kaasuu ni danda'a.
- Taphataan tokko saddeeqa isaa kan sochoosuu danda'uu saddeeqa masaanuu saddeeqoota lama kan isa gidduutti hanga booji'uu danda'uutti dha.
- Taphataan tokko tapha jalqabamee moo'ateera kan jedhamu,
    - Saddeeqoota masaanuu gabatee tapha irraa haala seera jiruun kaasee yoo fiixee.
    - Saddeeqoota masaanuu saddeeqoota lama isa giddutti booji'ee yoo irraa fiixee
    - Moo'otamaan saddeeqoota isa buufata tokko irraa gara buufataa birootti sochoosuu yoo hin dandeenye malee, taphichi itti fufuu ni dnada'a.
- Taphattootni lachanuu saddeeqoota lama gidduu saddeeqa masaanuu yoo buusuu dadhaban carraa isaan qaban saddeeqa ofii isaani buufata irraa gara buufataatti sochoosuun masaanuu ofirraa ittisuun sochiin itti aanuu jalaa fashaleessaa taphachuu dha.
- Sochii kana k/barsiisonni yeroo murtahaaf akka hubatan ergaa tasifamee booda daree keessatti tapha kana irraa mariif akka of qopheessan taasisuudha.
- Bal`inaa fi dheerinni gabatee tapha aadaa buub saantimeetira 40 dha.

3.2 Dandeetti Bu'uura Taphoota fi Ispoortii Aadaa Shaah

Ispoortiin aadaa shaah sadarkaa biyyooleessaatti beekkamti kan argatee fi morkattoota lama gidduutti dorgommiin kan qophaa'uu dha. Gosa ispoortii aadaa keessaa tokko ta'ee dandeetti bu'uura taphachuudhaaf barbaachisuu dursani beekuun dirqama ta'a.Isaan dandeetti bu'uura taphaa kana haala gaariin beekanii taphachuun morkii kana moo'achuuf nu dandeessisa.

3.2.1 . Seera fi Heera Ispoortii aadaa shaah Taphachuuf barbaachisan;

- ✓ Tapha fi ispoortii aadaa shaah taphattoota lamaan gidduutti kan gaggeeffamu dha.
- ✓ Gabateen ispoortii aadaa shaah buufataalee 24 saddeeqoota ittiin qubachiifnuu qaba.
- ✓ Gabateen tapha muka, pilaastikaa, waraqaa jabaa fi kkf irraa ni hojjatama.
- ✓ Gabatee tapha fi ispoortii aadaa shaah kun haalluu gosa sadii kan dibamee ta'uu qaba. Gosa haalluu dibamuus, magariisaa (keessaa boordii), keelloo (walakkaa), fi diimaan (karaa alaan). Bal'inni naannoon haalluu dibamu kun garaagarummaa kan qabaatuu ta'ee, bakki guddaan dibamu qabu boordii karaa alaan yoo ta'uu, bakka dibataa diqqaatuu immoo boordii karaa keessatiin ta'a.
- ✓ Gabateen tapha kun rogootni arfanuu wal qixa ta'an sararri dalgeen saanitmeetira 40 fi sararri irraan gadeeniis saantimeetira 40 ta'u qaba.
- ✓ Gabateen taphichaa taphattoota lamaan gidduu bakka fuula waligalanii ta'anitti teechifama.
- ✓ Taphattootni tokkoon tokkoo isaani saddeeqoota 12 gosa haalluu lama kan dibamee ta'ee, haalluun kuniis haalluu gabatee taphaaf dibamee irraa adda ta'uu qaba.
- ✓ Tapha jalqabsiisuuf taphattootni carraa akka buusan ergaa taasifamee booda, isaa carraa dura baheef saddeeqa buufata filateetti qubachiisuu jalqaba. Achumaan taphattootni lamaanuu saddeeqoota 12 qaban buufata barbaadan irraa dabaree dabareen qubachiisuun ni raawwatuu.
- ✓ Saddeeqoota buufata jiru irraa sirreessani yeroo xumuuran taphataan dursee saddeeqoota sadii isa sarara dalgee ykn irraan gadeen kan walfakkatan sadii yoo ijaaree saddeeqa masaanuu ta'an keessaa tokko kaasuun taphicha itti fufaa jechuudha.
- ✓ Taphni xumuura argateera kan jedhamu yeroo ta'een taphataan tokko saddeeqoota (pieces) isa yoo taphata masaanuutiin nyaatamani ykn saddeeqoota sadii gadi yoo qabaachuuf dirqamedha.
- ✓ Tapha fi Ispoortii aadaa shaah marsaa sadiin kan taphatamu ta'ee, taphataan tokko tapha tokkoo moo'achuuf marsaa lama moo'achuu qaba.
- ✓ Tapha marsaa tokkoof qabxii lamattuu kennamaaf.
- ✓ Guyyaa wal dorgommii taphataan tokko sa'aatii qabameen argamu yoo hin dandeenye fi daqiiqaa 15 (kudha shan) ol turee yoo argame taphataan inni biroof qabxii 4 (afur) kennamee moo'ata dorgommichaa ta'a.
- ✓ Tapha keessaa buufata ittii aanuu osoo hin qubachiisiin irraa cee'ani buufata birootti taphachuun hin eeyyamamu.
- ✓ Buufata tokko irraa gara buufata birootti saddeeqa (pieces) sochoosuuf sekondii 30 qofa kenname jira.
- ✓ Tapha marsaa tokko akkuma xumuurameen daqiiqa 5 (shan) boqonnaa ni godhatu.
- ✓ Taphni yeroo jalqabamu taphataan jalqabuuf carraa argatee sun yeroo saddeeqoota buufataaleetti qubachiisuu tarree tokkootti saddeeqoota wal fakkaatan sadii yoo ijaaruu

dadhabeefi taphataan inni biroon tarree tokkootti saddeeqoota sadii ijaaruu yoo danda'a, taphataan inni lamaffaa akkuma saddeeqoota qubachiisuun xumuurame booda tapha ni jalqaba jechuudha.

☞ ***Hub**..Ispoortii aadaa shaah keessatti saddeeqoota bakka buufataaleetti haalaan sirreessani qubachiisuun gaheen tapha kana moo'achuu danda'uu olaanaa ta'uu isa hubachuun barbaachisaadha.*

- *Taphattootni tarree tokkootti saddeeqoota sadii taphataan masaanuu akka hin qubachiifnee irratti hojjachuu qabu.*

3.3 Dandeetti Bu'uura Ispootii Aadaa saddeeqa Boollaa 12 fi Boollaa 18

Dandeetti bu'uura taphni saddeeqa gaafatu hubannoo waa'ee boollaawwan, to'annoo saddeeqoota tapha, saddeeqoota boollaa tokko irraa gara boollaa itti aanuutti haala buusan, sochii taphataa masaanuu ittiin to'atamu, saddeeqoota baay'ee horachuu akkaata danda'amu fi bollaawwan mana taphataa masaanuutiin caalaa qabaachuu danda'amuu beekuun murteessaadha.

Tapha saddeeqa jalqabuuf gabatee saddeeqa abba boollaa 12 ykn boollaa 18 fi saddeeqoota 48 fi 54 tokkoon tokkoo isaaniif akka waligalaatti ni barbaachisa. Taphni kun kan gaggeefamuu taphattoota lama gidduu ta'a. Yeroo jalqabaatiif meeshaalee fi baay'ina taphattoota morkii kun barbaaduu irraa xiyyeeffachuun barbaachisaadha.

3.3.1 Seera fi Heera Ispoortii aadaa saddeeqaa gabatee boolla 12 Taphachuuf barbaachisan;

- Gabateen saddeeqa boollaa 12 dheerinni isaa saantimeetira 50 ta'e bal'inni isaa immoo saantimeerira 30 kan ta'ee dha.
- Taphataan tokko mana boollaawwan 6 ni qaba.
- Boollii tokkoo saddeeqoota afur of keessaa ni qaba.

- **<u>Taphachuudhaaf qabxiileen xiyyeefannaa argachuu qaban :-</u>**
  - Nama yeroo jalaqabaaf <u>wareeruu</u> danda'u carraan murta'aa.
  - Namni lamaffaan dabaree isaatiin taphata.
  - Yeroo 3^{ffaa}f wareeruu kan danda'amu ammas carraan murta'aa.
  - Gosa deemsa (kinchibosh) baay'ee ta'uu isaatiin kan ka'ee kan wareeramuu danda'u gosa kamiin akka ta'ee waligalteen irra gahamu yoo hin dandeenye carraan murtee kennuu ni danda'ama.
  - Taphataan yeroo dabare isaa saddeeqoota deemuuf tuqee sana kaasee akka deemuu ni dirqama.
  - Saddeeqoota mana masaanuu lakk 1-3ffaa jiran narra hin fageessiin jechuun hin jiru.
  - Mana masaanuu keessaa boollaa saddeeqoota 3 (sadii) qabdu bira yeroo gahuu idduu hin barbaaduu yoo jedhe dursee akka idduu hin dirqamu. Haata'uu malee masaanuun isaa dursee iddii yoo jedhe idduuf ni dirqama.
  - Taphni marsaa sadiin kan gaggeeffamu yoo ta'u dhumarraa qabxiin argamu ida'ame kan caalmaa qabu moo'ata ta'a.

3.3.2 Seera fi Heera Ispoortii aadaa saddeeqaa gabatee boolla 18 Taphachuuf barbaachisan;

- ✓ Gabateen saddeeqa boollaa 18 dheerinni isaa saantimeetira 50 (Shantama) ta'e bal'inni isaa immoo saantimeerira 30 (saddoomaa) kan ta'ee dha.
- ✓ Gabateen kun sararaa sadiin boollaawwan 6 kan qabu ta'ee waligalaatti boollaawwan 18 keessaa 9 kan nama tokko yoo ta'uu, boollii 9 immoo kan taphataa lamaffaati. Boollaawwan 6 karaa dhiyeenyaa isaaf qaban yoo ta'an, boollaawwan 3 immoo karaa harka mirgaatti sararaa walakkaa keessaa argamandha.
- ✓ Boollaawwan tokkoon tokkoo isaanii saddeeqoota sadi sadii of keessaa ni qabu.
- ✓ Taphata tokkoof kallatti bitaa gara mirgaatti boollaawwan lakka 1-9 kan jiran ni kennamaaf.
- ✓ Ajajaa abba murteessaatiin taphattootni lachuu yeroo tokkootti ni jalqabu. Taphataan dursee mana iddee sun tapha 2^{ffaa}ni jalqaba.
- ✓ Taphni jalqabame kan jedhamuu fi seera fi danbiitiin mana idduu kan danda'amu saddeeqootni boollaawwan keessaa buusani erga xumuuran booda taphataan 2^{ffaa} taphicha yeroo jalqabuudha.
- ✓ Sanddeeqootnii boollaawwan lakk. mana 1-4 jiran keessaa baay'ina isaani 3 ol yoo ta'an, akkasumas boollaawwan biro keessaa saddeeqootni yoo dhuman malee ofuun hin danda'amu.
- ✓ Saddeeqootni boollaawwan lakk. mana 4-9^{ffaa} jiran;
  - Saddeeqoota 3 (sadii) mana masaanuu keessaa jiran irraa utaala deema.
  - Yeroo jalqabaaf 1 (tokko) fi saddeeqoota 3 (sadii) ol ta'an ni oofama.
  - Saddeeqootni 3 (sadii) ol ta'an yeroo dhuman saddeeqa tokkoo fi saddeeqoota 2 (lama) kaasuun ni oofama.
  - Saddeeqa 1 (tokko) qabatni oofuun ni danda'ama.
  - Saddeeqootni boollaa lakk. mana 4ffaa hanga 9^{ffaa} jiran keessaa yeroo dhuman saddeeqootni lakk. mana 1-3 ^{ffaa} keessaa jiran dabareen ni oofama.
- ✓ Yeroo tokkootti mana idduun al tokko qofa eeyyamama.
- ✓ Taphataan waahilaa mana masaanuu boollaa lakk. 1^{ffaa} tti saddeeqota 3 (sadii) ijaarramee yoo argatee saddeeqa dhumaan haala duree tokko maleen idduu ni danda'a.
- ✓ Taphataan 2^{ffaa} idduu yoo barbaadee boollaa mana masaanuu lakk 1^{ffaa} fi 2^{ffaa} keessatti sadeeqoota sadii sadii ijaaruu fi mana isaa keessa lakka 2^{ffaa} keessaa saddeeqoota sadii ijaaramuu dhabuu isaani mirkaneessuun mana isaa keessaa lakk 9^{ffaa}tti saddeeqa buusee harkaatti saddeeqoota 2 kan qabu yoo ta'ee qofa idduu ni danda'aa.
- ✓ Namni 2ffaan mana masaanuu keessaa idduun osoo hin boqatiin kallattiin mana masaanuu iddee irraa yoo qubatee mana isaa dhaalu ni danda'a.

3.4 Dandeetti Bu'uura Ispoortii Aadaa Korboo

Tapha kana tapachuuf korboo (rings) naannawaan isaa saantimeetira 30 meeshaalee kan akka pilaastika kondiyuuti ykn sibiila irra kan hojjatame tokko, ulee fiixeen karaa tokkoon qara qabu dheerinni isa meetira 2 fi dirree dheerina meetira 10 sararri cinaa meetira 10 bakki korboon konkolaattuu bal'inni meetira 1 kan qophaa'ee irraa ta'a.

- ❖ Ispoortii aadaa korboo'n gosa sadii qaba. Isaanis;

1. Bakka dhaabbatanitti ulee darbatani korboo konkolaattuu waraanuun dhaabu.

2. Fardaan gulufuun ulee darbatani korboo konkolaattuu waraanani dhaabu.
3. Korboo qilleessaa keessaa darbatamte jirtu ulee darbatani keessaa dabarsuu.
   - ❖ Gosti korboo sadiinu galmi isaani ulee darbatani korboo konkolaattuu waraanani dhaabuu ykn keessaa dabarsuun lafatti qabuun dhaabuudha.

3.4.1 Seera fi Heera Ispoortii aadaa korboo;

- Taphni kun kan taphatamu bakka dhaabatanitti ulee darbatani korboo konkolaattuu keessaa dabarsuun lafatti waraanani dhaabuudha.
- Gareen taphattoota lama kan qabu ta'ee, inni tokko korboo bakka kennameetti yoo konkolaachisuu, inni lamaffaan immoo ulee kan darbatuu ta'ani bakka qabatu.
- Taphataan korboo sararaa kenname keessaa yeroo konkolaachisuu kan ulee darbatuu immoo bakka kenname irraa ulee darbatee korboo konkolaattuu keessaa dabarsee fiixee uleen lafatti qabee waraanee dhaabuu qaba.
- Gareen darbannaa tokkoon korboo konkolaattuu keessaa dabarsuu fiixee uleen lafatti waraanee kan dhaabuu danda'eef qabxii 2 (lama) kennamaaf.
- Taphataan ulee darbatee korboo konkolaattuu yeroo dhaabachisuu yoo fiixee uleetiin lafa waraanuu dhabee qabxii 1 (tokko) kennamaaf.
- Morkiin marsaa sadiin kan taphatamu ta'ee, gareen tokko marsaa tokkootti ulee si'a lama akka darbatan ni eeyyamama.
- Marsaa 3ffaatiin taphattootni yoo wal moo'achuu dadhaban marsaa tokko dabaluun akka wal moo'atan ni taasifama. kanaaniis wal moo'achuu yoo dadhaban carraa buusuun moo'ataan akka beekkamu ta'a.

3.5 Dandeetti Bu'uura Ispoortii Aadaa Qillee

Qilleen meeshaalee kan akka kubbaa fakkaattu ''rur'' fi ulee qillee golboo fakkaatuun taphatamudha. Amalli morkii kun qabu ulee qilleetiin kubbaa ''rur'' walii kennuu fi gara goolii maasaanuu rukutanii lakkoofsiisuu danda'uu dha.

3.5.1 Seera fi Heera Ispoortii aadaa Qillee;

- ☞ Gareen tokko taphattoota 15 kan qabu ta'ee, kana keessaa taphattoota 10 al tokkoof dirree seenani kan taphatan yoo ta'u kanneen keessaa 1 goolii eegaa akka ta'uu ni eeyyamama.
- ☞ Morkiin qillee abbootii murteessee 3 (sadii) qabuun hogganama
- ☞ Morkiin sa'aatii 1 kan taphatamu ta'ee daqiiqaa 15 boqonnaa qaba.
- ☞ Kubbaan (rur) gogaa ykn pilaastikaa mul'achuu dand'uu irraa kan hojjatamu fi ulfaatin gm 100 fi naannawaan isaa saantimeetira 25-30 kan ta'uudha.
- ☞ Uleen qillee dheerinni meetira 1 (tokko) fi saantimeetira 20 (digdama) yoo ta'u ulfaatinni giraama 500-550 kan ta'uu dha.
- ☞ Balleessaa taphattootni raawwataniif kaardii akkeekachisaa (keelloo) fi kaardii diimaa ni agarsiifama.
- ☞ Goolii eegaan balaa irraa of eeguuf uffataa haala seerri morkii kana ajajuu uffachuu isarraa jiraata.

3.6 Dandeetti Bu'uura Ispoortii Aadaa Waldhaansoo

Waldhaansoon uumamaa isaatiin wal qabatee umrii dheeraa kan qabuu fi tapha namoota lama gidduutti adeemsifamuudha.

- ❖ Haala wal qabannaa mala aadaa fayyadaman irratti hundaa'uun ispoortii aadaa waldhaansoo bakka ijoo gurguddoo ***saditti*** qoodamu. Isaanis;

1. harka tokkoon dugda qabachuu,
2. harka lamaan walqabachuu fi
3. harka tokko ykn harka lamaan qabachuun taphataa masaanuu miilaa bitaa keessaa fi alaan ofitti harkisanii miilaan qoluun lafa irratti kuffisuu danda'udha.

- ❖ Gosa wal qabannaa irraa dabalataan, waldhaansoon dandeetti ka'umsa dhaabbii, kuffisuu, miliquu fi kallatti jijjiruu dada'u kan gaafatudha.

3.6.1 Seera fi Heera Ispoortii Aadaa Waldhaansoo

- ➢ Yeroo wal dorgommii, dorgomtootni dibataa kamiyyuu fayyadamu hin danda'an.
- ➢ Taphattootni qeensa harkaa qorachuu qabu.
- ➢ Faaya addaddaa kaawwachuun hin eeyyamamu.
- ➢ Dorgomtootni reefensa, wayaa fi bakka qaamni haala salphaan midhama irraa gahuu danda'uu qabachuu hin eeyyamamu.

Gaafilee Gochaa

1. Dandeettiiwwan bu`uuraa taphootaa fi ispoortii aadaa Itoophiyaa jechuun maal jechuudha? Eessaa argachuus dandeenya?
2. Dandeettiiwwan bu`uuraa ispoortii aadaa maaliif barbaachisan?
3. Ispoortiin aadaa Buub fi Shaah akkamitti taphatama?
4. Dandeettiiwwan bu`uuraa ispoortii aadaa filatamoo shanan keessaa isa kamtu salphaa dha?
5. Dandeettiiwwan bu`uuraa taphootaa fi ispoortii aadaa Itoophiyaa akkamitti dagaagsuu dandeenya?
6. dandeettiiwwan Bu`uuraa taphootaa fi ispoortii aadaa Itoophiyaa keessaa isa kamtu caalmaatti miidhaa qaamaatiif nama saaxila?

BOQONNAA AFUR

4. Malleen Baru-Barsiisuu Morkii fi Ispoortii Aadaa Itoophiyaa

Seensa

Boqonnaan kun kutaalee ***sadii*** gurguddoodhaan wal-sibarsiisaa. Isaanis, akkaataa taphoota fi ispoortii aadaa itti barsiifamuu, gochoota xixiqqoo taphoota fi ispoortii aadaa kanaan walsimatan

(related lead up activities) fi yemmuu morkiis ta`e Ispoortii Aadaa Itoophiyaa of-eeggannoo godhamuu qaban fa`a dha.

Kaayyoo gooree

Dhuma barannoo boqonnaa kanaan booda barattoonni;

- ✓ Haala malleen baru-barsiisuu morkii fi ispoortii aadaa Itoophiyaa ni himu.
- ✓ Taphoota xixiqqoo taphootaa fi ispoortii adaa Itoophiyaa faana wal-hidhata qaban maal fa`a akka ta`an nitarreessu.
- ✓ Of-eeggannoowwan yeroo taphoota fi ispoortiin aadaa raawwatamu godhamuu qaban maal fa`a akka ta`an ni ibsu.

4.1 Mala baruu barsiisuu taphootaa fi ispoortii aadaa Itoophiyaa

- ❖ Malli baruu-barsiisuu iddoo kamiyyuu ***milkaa`ina hojii*** fi adeemsa baruu-barsiisuu ***hawwataa***gochuuf akkasumas yeroo hojii ***qusachuuf*** baay`ee tokko murteessaa dha

Malli baruu-barsiisuu taphootaa fi ispoortii aadaa Itoophiyaa hundaa wal-fakkaataa miti.Haata`uu malee akka waliigalaatti malleen baruu barsiisuu taphootaa fi ispoortii aadaa Itoophiyaa kanneen armaan gadii fa`a dha;

1. Barattoota golaa haala baay`ina isaaniitiiirratti hundaa`uudhaan, gareetti qooduu.fkn;
    - Tapha buubiif garee 4 – 6tti
    - Tpha shaatiif garee 5tti
    - Tapha saddeeqaatiif miseensa 5 -8 qabuutti
    - Tapha qilleedhaaf miseensa 4 -6 qabuutti
    - Tapha waldhaansoodhaaf garee 5tti
2. Karoora gareewwan itti wal-barsiisan isa hirmaachisaa ta`e daqiiqaa 20`f ta`u qopheessuu
3. Mala ba godhuruu-barsiisuu gareewwan itti fayyadaman irratti yaada walii gala barsiisaan akka kennu.

4.2 Sochiilee Taphoota Aadaatiin Walitti Dhiyeenya Qaban (Lead up Activity)

Sochiileen taphoota aadaatiin walitti dhiyeenya qaban (***lead up activities***) kan BGJQ manneen barnoota sadarkaa 1^{ffaa} gudddina dandeetti ispoortiitiif baay'ee barbaachisaadha. Sochiin kun kan of keessatti hammatu:- qabuu, dhiituu, ofuu, darbaachuu, fiiguu fi walii kennuu kkf fa'a. Leenjii walitti fufaa fayyadamuu irraa, sochiilee taphoota aadaa kanaan walfakkaatan fayyadamuun akka taphattootni wanta hin yaadamne fi waan hedduu hojjataniif isaan gargaara.

Sochiileen kunniin irraa caalatti, dandeettii taphoota fi ispoortii aadaa Itoophiyaa guddisuuf yammuu itti fayyadamnu, hirmaattootaaf gammachuu kan kennaniidha. Fkn; harkaa fi miilaan lafa irraa deemuu(shunquuqu,daa'imuu). Kunis ispoortii aadaa waldhaansoo barsiisuuf nu fayyada.

4.3 Of eeggannoo (safety Considerations)

Wanti akka dirqamaatti beekkamuu qabu keessaa, sochiin qaamaa hunduu miidhama kan keessuumeessan ta'uu isaati, kanaafuu qaamni sochii qaama irratti hirmaatu hunduu miidhaa gama sochii qaamaatiin dhufu kana hir'isuuf dirqama qaba.

- ❖ Qajeelfamoota irra caalaatti sochii daree kamiifuu barbaachisan akka armaan gadiitti ibsamaniiru.Isaanisi :-

1. Meeshaa (Equipment)

- ✓ Sochiilee daree kamiifuu naannoo mija'aa ta'e uumuuf, barsiisaan sochii osoo hin jalqabiin dura meeshaalee sochiif barbaachisan mirkaneessuu qaba.
- ✓ Barattoonni rakkoo meeshaan qabu akka barsiisaatti gabaasan jajjabeessuu.

2. Uffataa fi Kophee Ispoortii (clothing Footwear).

- ✓ Kophee sochiif mijaa'aa ta'e kaawwachuun ulaaga isa jalqabaati. kopheen atileetotaaf mija'aadha jedhamu, akka kophee fiigichaatti kan faani (jalli) isaa pilaastikii (flat rubber) irraa hojjatameefi koomee kan hin qabne ta'ee balaa gara garaa kan miila irra ittisuudha. Barattoonnis yammuu gara daree BGJQ tti dhufan uffata mijaa'aa uffachuu qabu.
- ✓ Meeshaaleen faayaa nama irraa hin baane godhachuun hin barbaachisuu.

3. Dirree fi wantoota dirree irratti guutamuu qaban (Facilities)

- ✓ Sochiilee daree kamiifuu naannoo mija'aa ta'ee uumuuf, barsiisaan sochii osoo hin jalqabin dura dirree sochiin irratti hojjatanuufi meeshaalee sochiin ittiin hojjatamu mirkaneessuu qaba. Fkn, dirreen taphaa wantoota miidhaa fidan irraa bilisa ta'uu qaba.

4. Seeroota ykn qajeelfamootaa adda ta'an (special Rules /Instructions)

- ✓ Sochiin daree akkaataa umrii, dandeettii barattootaa fi wantoota sochiif barbaachisan (facilities) irratti hundaa'ee fooyya'uu qaba.
- ✓ Dareen barnootaa hundi sochiilee akka qaama hoo'isuufi qabbaneessuu of keessatti hammachuu qaba.
- ✓ Dandeettiin walitti fufinsa gaarii ta'een barsiifamuu qaba.
- ✓ Taphoonni fi sochiileen dandeettiiwwan barsiifaman irratti hundaa'uu kan qabaniifi kkf.

Of-eeggannoon taphootaa fi ispoortii aadaa Itoophiyaa dhaaf godhamuu qaban keessa caalmaatti ispoortii aadaa qillee, korboo fi waldhaansoodhaaf sadarkeessinee xiyyeeffannaa itti kennuu qabna

Gaafilee Gocha

- ➢ Mala baruu-barsiisuu taphootaa fi ispoortii aadaa Itoophiyaa beekuun maaliif barbaachise?
- ➢ Malli baruu-barsiisuu taphootaa fi ispoortii aadaa Itoophiyaa hundaa walitti dhiheenya qabaa?
- ➢ Taphoonni xixiqqoo taphootaa fi ispoortii aadaa Itoophiyaa wajjiin wal-hidhata qaban jiru? Yoo jiraatan eenyu fa`a dha?

Gaafilee shaakalaa Koorsii TePe:351

Filannoowwan Deebiif Siif Kennaman Keessaa; Deebii Sirrii Ta'e Qofa Filadhu

1. Ispoortii Aadaa Shaah taphachuuf saddeeqota meeqa barbaachisa?

A/12 B/25 C/24 D/32

2. Haala wal-qabannaa mala aadaa fayyadaman irratti hundaa`uudhaan, ispoortiin aadaa waldhaansoo, bakka ijoo gurguddoo meeqatti qoodama?

A/2 B/4 C/3 D/5

3. Morkiin ispoortii aadaa qillee yeroo boqonnaa daqiiqaa meeqa qaba.?

A/10 B/20 C/15 D/5

4. Ispoortii aadaa korboo keessatti, gareen tokko, marsaa tokkootti ulee si`a meeqa akka darbatu eeyyamamaaf?

A/3 B/4 C/2 D/1

5. Ispoortiin aadaa korboo bara durii irraa jal-qabee naannoo kamitti taphatamaa ture?

A/kaaba Itoophiyaa B/somaalee C/benishaangul D/dirreedaawaa

6. Taphataan ispoortii aadaa Buub jal-qaba irratti saddeeqota meeqa qabaachuu qaba?

A/12 B/24 C/25 D/32 E deebiin hin jiru

7. Marsaawwan tapha aadaa shaah gidduu yeroo boqonnaa daqiiqaa meeqatu jira?

A/30 B/10 C/5 D25 E/ deebiin hin jiru

8. Ispoortii aadaa shaah keessatti buufata tokko irraa gara buufata birootti saddeeqota sochoosuuf sekoondii meeqatu kennama? A/20 B/10 C/30 D/5

9. Bal`inni sararaa, korboon irratti konkoolaattu meetirii meeqa?

A/10 B/1 C/5 D/3 E/deebiin hin jiru

10. Ulfaatinni tapha kubbaa qillee meeqa?

A/500g B/100mg C/100g D/100kg

11. Dheerinni ulee ispoortii aadaa qillee meetira meeqaan qophaa`a?

A/2 B/3 C/1.50D/1.20 E/deebiin hin jiru

12. Ispoortiin aadaa korboo gosa meeqa qaba? A/2 B/3 C5 D/4

13. Kanneen keessaa Itoophiyaa keessatti taphni aadaa isa jalqabaa fi yeroo dheeraa dabarse kami?

A/korboo B/saddeeqa C/wallaansoo D/buub

14. Dheerinni ulee ispoortii aadaa korboo meetirii meeqa?

A/2 B/3 C/5 D/8 E/deebiin hin jiru

15. Gabateen ispoortii aadaa buub bal`inni isaa saantimeetirii meeqa?

A/45 B/30 C/10 D/ 10 E/deebiin hin jiru

16. Ispoortii aadaa kennaman keessaa isa kamtu caalmaatti sadrkaa guddina qaamaa wajjiin wal-hidhata qaba?

A/Korboo B/saddeeqa C/waldhaansoo D/shaah

17. Kanneen keessaa tokko taphoota aadaa Itoophiyaa keessatti hin hammatamu

A/Goolfii B/Bunyaa C/Cheezii D/hunduu

18. Ispoortii aadaa keennaman keessaa isa kamtu tapha gabatee miti?

A/Buub B/Saddeeqa C/Shaah D/Hunduu E/deebiin hin jiru

19. Ispoortii aadaa armaan gadii keessaa isa kamtu caalmaatti nama qabeenyaa fi ol`aantummaa qabuu walirraa mul`isuuf taphatama?

A/Korboo B/saddeeqa C/waldhaansoo D/takii

20. Kanneen keessaa kamtu faayidaa ispoortii aadaa Itoophiyaa miti?

A/ilaalacha garii qabaachuuf B/miira qabeenyummaa uumuuf

C/akka haambaalee aadaa godhuuf D/huunduu E/deebiin hin jiru

21. Gabateen tapha aadaa Buub halluu bifa gosa meeqa dibamuu qaba?

A/2 B/ 5 C/3 D/ 4

22. Taphni aadaa lafa irratti sarara sararuun; miila tokko ol dachaasanii, isa tokkoon immoo, daangaa tokko irraa gara birootti utaalaa taphatamu maal jedhama?

A/takii B/bari`e hin barinee C/sekkeelloo D/wal`ari`uu

23. Waa`ee taphootaa fi ispoortii aaddaa Itoophiyaa, isa kamtu sirrii miti?

A/haalli filannoo waqtiilee waliin wal-qabata.B/dandeettii hin gaafatan

C/ummata baadiyyaa biratti bal`inaan taphataman D/daangaa taphaa ni qabu E/ B fi C

24. Ispoortiin aadaa buub fi shaah afaan Arabaatiin maal jedhama?

A/shantrat B/senterez C shatranz deebiin hin jiru

25. Saddeeqota xiyyeeffannaadhaan qubachiisuun carraaa mo`achuu ispoortii aadaa isa kami bal`isa?

A/saddeeqa B/takii C/buub fi shaah D/ A fi B

26. Ispoortii aadaa Itoophiyaa armaan gadii keessaa isa kamtu namoota lakkoofsa baay`ee hirmaachisa? A/korboo B/saddeeqa C/buub D/qillee

27. Ispoortii aadaa Itoophiyaa armaan gaditti kennaman keessaa kamtu dandeettii yaaduu irra caalaa gaafata?

A/ Saddeeqa C/ Wal'aanso B/ Qillee D/ Korboo

28. Burruusni ispoortii kam keessatti ramadama? A/ispoortii lolaa B/ispoortii gabatee C/ispoortii dhokaasuu D/ispoortii darbannaa

29. Ispoortiin aadaa saddeeqaa gosa boolla abbaa meeqaa fi meeqaa qaba?

A/3fi4 B/10fi16 C/12fi18 D/6fi10

30. Ispoortii aadaa aadaa kennaman keessaa isa kamtu caalmaatti miidhaa qaama irratti geessuu danda`a?

A/korboo B/saddeeqa C/qillee D/shaah

31.Ispoortii aadaa Itoophiyaa armaan gaditti kennaman keessaa isa kam irratti dubartoonni hin hirmaatan?

A/qillee B/saddeeqa C/Buub D/Korboo

32. Irra caalaan morkii taphoota aadaa Itoophiyaa manaan alatti geggeeffaman ji`oota kam gidduutti raawwataman? A/waxabajjii _hagayya B/fulbaana _sadaasa

C/bitooteessa _caamsaa D/muddee _gurraandhala

33. bal`inni gabatee tapha aadaa buub saantimeetira meeqa ta`uu qaba?

A/40 B/20 C/15 D10

34. Maloota baruu-barsiisuu ispoortii aadaa armaan gadii keessaa tokko shaakala tapha aadaa saddeeqaa milkeessuuf hin barbaachisu;

A/muuxannoo armaan dura jiru walii qooduu

B/barattoota garee miseensa 5-8 qabuutti qooduu

C/saddeeqa abbaa boolla 12fi18 al-tokkootti shaakalsiisuu D/ A fi B

35. Dheerinni gabateen ispoortii aadaa saddeeqaa abbaa boolla 12 saantimeetirii meeqa ta`uu qaba?

A/50 B/30 C/40 D/20

36. Morkiin ispoortii aadaa qillee abbootii murtii meeqaan hogganama?

A/2 B/3 C/1 D/4

37. boollaawwan ispoortii aadaa saddeeqaa abbaa boolla 18 tokkoon tokkoo isaanii saddeeqoota meeqa of keessatti qabaachuu qaba?

A/3 B/4 C/36 D/54

38. Kanneen keessaa isa kamtu waa`ee seera tapha aadaa wallaansoo sirrii miti;

A/yeroo dorgoommii uffatas ta`e rifeensa dorgomaa qabachuu

B//taphattoonni qeensa qorachuu C/dorgoomtoonni faaya adda addaa kaawwachuu dhiisuu D/taphattoonni yeroo dorgoommii dibata kamiyyuu irraa of qusachuu

39. Gabateen ispoortii aadaa Buub keessa isaatti rog-afree fageenya wal-qixa qaban meeqa qaba?

A/24 B/16 C/25 D/18

40. Ispoortii aadaa kennaman keessaa tooftaa taphatamuutiin isa kamtu taphoota kan akka daamaa fi cheezii waliin wal-fakkaata?

A/saddeeqa B/buub C/korboo D/qillee

41. Taphni aadaa shaah xumuura argateera kan jedhamu saddeeqonni taphataa tokkoo dorgoomaa isaatiin nyaatamanii meeqaa gadi yoo hafaniidha?

A/5 B/1 C/3 D/6

42. Kanneen keessaa tokko waa`ee mala baruu-barsiisuu ispoortii aadaa shaah sirrii miti;

A/gabatee taphaa 24 qaban qopheessuu B/barattoota gareewwan gurguddootti qooduu

C/karoora barannoo qopheessuu D/hunduu E/deebiin hin jiru

43. Ispoortiin aadaa saddeeqaa marsaa meeqaan geggeeffama?

A/2 B/3 C/5 D/4

44. kan armaan gadii keessaa tokko milkaa`ina shaakala ispoortii aada korbootiif hin barbaachisu

A/waqtiilee hundattuu shaakaluu B/idoo shaakala bal`aa

C/walirraa fageenyi hirmaattootaa D/hunduu E/deebiin hin jiru

45. Ispoortii aadaa qillee keessatti gareen tokko taphattoota meeqa galmeessisuu danda`a?

A/10 B/ 15 C/6 D/ 12

46. Kanneen keessaa tokko of-eeggannoo yeroo shaakala ispoortii aadaa qillee godhamuu qabu dha;

A/barattoota gareen qooduu B/ meeshaa dorgoommii seerawaa fayyadamuu

C/gareeleen kallattii ofii qabatanii akka shaakalan godhuu D/hunduu E/ A fi B

47. Kanneen keessaa tokko waa`ee taphoota xixiqqoo sirrii miti;

A/dandeettiiwwan kan akka utaaluu, rukutuu,darbachuu fa`aa dagaagsa

B/muuxannoowwan ol`aanaa barattootaaf uuma

C/adeemsa shaakala irraa gara taphaatti nama fida

D/dandeettii akka gabbifatan carraa uuma E/deebiin hin jiru

48. Ispoortii aadaa kennaman keessaa tokko tapha gabatee keessatti hin ramadamu;

A/buub B/saddeeqa C /shaah D/korboo E/deebiin hin jiru

49. Kanneen keessaa tokko seera ispoortii aadaa Buub fi Shaah wal-fakkeessu miti;

A/bal`ina gabatee taphaa B/baay`ina saddeeqota taphaa

C/baay`ina buufatoota saddeeqaa D/hunduu E/deebiin hin jiru

50. Taphoota aadaa armaan gadii keessaa isa kamtu caalmaatti iddoo dorgoommii bal`aa barbaada?

A/korboo B/qillee

C/wallaansoo D/sekkeelloo

Deebii TePe:351

1. C
2. C
3. C
4. A
5. C
6. A
7. C
8. C
9. B
10. C
11. D
12. B
13. C
14. A
15. E
16. C
17. D
18. E
19. C
20. E
21. C
26. D
27. A
28. D
29. C
30. C
31. A
32. D
33. A
34. C
35. A
36. B
37. A
38. A
39. B
40. B
41. C
42. E
43. B
44. A
45. B
46. D

22. C
23. B
24. C
25. C
47. E
48. D
49. C
50. B